www.abyssinialaw.com

Waggaa 20^{ffaa}.. Lak. 5/2004
፳ኛ ዓመት.... ቁጥር ፭/፪ሺ፬
20th year .... No. 5/2012

Finfinnee, Adoolessa 18/ 2004
ፊንፊኔ፣ ሐምሌ ፲፰ ቀን ፪ሺ፬ ዓ.ም
Finfine, July 25, 2012

# MAGALATA OROMIYAA
# መገለታ ኦሮሚያ
# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ....... Qar. 4.00
ያንዱ ዋጋ ........... ፬ ብር
Unit Price ............... Birr 4.00

To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe
በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግሥት በጨፌ ኦሮሚያ ጠባቂነት የወጣ

Lak. S. Poostaa ...... 21383-1000
የፖ.ሣ.ቁጥር ..........
P.O.Box ...............

## QABIYYEE

Labsii Lak. 174/2004
Labsii Gamoo Naannoo Oromiyaa ....... Fuula 1

### Labsii Lak. 174/2004
### Labsii Gamoo Naannoo Oromiyaa

Nageenyiifi fayyaan ummataa akka mirkanaa'u taasisuuf sadarkaa ijaarsaa, fooyya'iinsaafi tajaajila gamoo sadarkaa isaa murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Bu'uura imaammata mootummaafi ulaagaalee saayinsiifi teekinoloji sadarkaa addunyaatti fudhatama argataniin akka walsimu sadarkaa ijaarsaa, fooyya'iinsa yookiin tajaajila gamoo murteessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Labsii Lak. 46/1994 Keewwata 49 (3)(a) tiin kan kanatti aanu labsamee jira.

### KUTAA TOKKO
### Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

Labsiin kun "Labsii Gamoo Naannoo Oromiyaa Lak. 174/2004" jedhamee waamamuu ni danda'a.

## ማውጫ

አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፬/፪ሺ፬
የኦሮሚያ ክልል ሕንፃ አዋጅ ............ ገጽ ፩

### አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፬/፪ሺ፬
### የኦሮሚያ ክልል ሕንፃ አዋጅ

የሕዝብ ደህንነትና ጤንነት እንዲረጋገጥ ለማድረግ የግንባታ ደረጃ፣ ማሻሻያ እና የሕንፃ አገልግሎትን መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በመንግስት ፖሊሲና በዓለም አቀፍ ደረጃ ተቀባይነት ካገኙ የሳይንስና ቴክኖሎጂ መስፈርቶች ጋር እንዲጣጣም የግንባታ ደረጃ ማሻሻያ ወይም የሕንፃ አገልግሎትን መወሰን አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ተሸሽሎ በወጣው የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ሕገ መንግስት አዋጅ ቁጥር ፵፮/፲፱፻፺፬ አንቀጽ ፵፱(፫)(ሀ) መሰረት የሚከተለው ታውጇል::

### ክፍል አንድ
### ጠቅላላ ድንጋጌዎች

፩. አጭር ርዕስ

ይህ አዋጅ "የኦሮሚያ ክልል ሕንፃ አዋጅ ቁጥር ፩፻፸፬/፪ሺ፬" ተብሎ ሊጠራ ይችላል::

## CONTENT

Proclamation No. 174/2012
Oromia Region Building Proclamation ... Page 1

### Proclamation No. 174/2012
### Oromia Region Building Proclamation

WHEREAS, it is required to determine building standards or building revisions and the minimum standard for construction or building service in order to secure public health and safety;

WHEREAS, it is deemed necessary to determine building grades or building revisions or the minimum standard for construction or building service based on government polices confirming to scientific and technological requirements approved by international standards;

NOW, THEREFORE, in accordance with Article 49 (3) (a), of the Revised Constitution of Oromia National Regional State No 46/2001 it is hereby proclaimed as follows.

### PART ONE
### General Provisions

1. Short title

This Proclamation may be cited as the "Oromia Region Building Proclamation No.174/2012".

www.abyssinialaw.com



**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee Labsii kana keessatti:

1) **"Biiroo"** jechuun Biiroo Industiriifi Misooma Magaalaa Oromiyaa jechuudha.
2) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
3) **"Magaalaa"** jechuun akkaataa Labsii Bulchiinsa Magaalotaa Naannoo Oromiyaatiin magaalaa qaamni seerummaa magaalummaan kennameef jechuudha.
4) **"Bulchiinsa Magaalaa"** jechuun qaama bulchiinsaa akkaataa seeraatiin aangoofi hojiin magaalaa bulchuu kan kennameef jechuudha.
5) **"Gamoo"** jechuun warshaaf, mana hojiif, mana jireenyaaf yookiin tajaajiloota biroo kamiifiyyuu kan oolu ijaarsa dhaabbii yookiin kan yeroo jechuudha.
6) **"Abbaa Gamoo"** jechuun nama gamoo qabu, ijaaru yookiin diigu jechuudha.
7) **"Shuumii Gamoo"** jechuun Labsii kana akka raawwachiisuuf nama aangoon kennameef jechuudha.
8) **"To'ataa Gamoo"** jechuun ogeessa hojii ijaarsa gamoo madaalee murtee akka irratti kennu aangoon kennameef jechuudha.
9) **"Ogeessa Galmaa'e"** jechuun nama qaama aangoo qabuun galmaa'ee ogummaa diizaayiniitiin yookiin konistiraakshiniitiin waraqaan ragaa kennameef yookiin dhaabbata gorsaa konistiraakshinummaatiin galmaa'ee waraqaan ragaa kennameef jechuudha.
10) **"Kontiraaktara Galmaa'e"** jechuun nama yookiin dhaabbata qaama aangoo qabuun galmaa'ee waraqaan ragaa kontiraaktarummaa kennameef jechuudha.
11) **"Gamoo Ramaddii A"** jechuun fageenya yookiin bal'ina utubaawwan sibiilaa yookiin kan biroo lama gidduu jiru meetira 7 yookiin gamoo abbaa darbii lamaa gadii kamiyyuu kan ta'e mana jireenyaa dhuunfaa jechuudha.
12) **"Gamoo Ramaddii B"** jechuun fageenya yookiin bal'ina utubaawwan sibiilaa yookiin kan biroo lama gidduu jiru meetira 7 ol kan ta'e yookiin gamoo abbaa darbii lamaa ol kan ta'eefi gamoo ramaddii "C" jalatti kan hin hammatamne yookiin ramaddii "A" jalatti kan ramadame misooma manneenii kanneen akka Riil Isteetii ( Real state) jechuudha.

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-

፩) **"ቢሮ"** ማለት የኦሮሚያ የኢንዱስትሪና ከተማ ልማት ቢሮ ማለት ነው።
፪) **"መንግስት"** ማለት የኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት ማለት ነው።
፫) **"ከተማ"** ማለት በኦሮሚያ ክልል የከተሞች አስተዳደር አዋጅ መሰረት የከተማነት ህጋዊ ሰውነት የተሰጠው ከተማ ማለት ነው።
፬) **"የከተማ አስተዳደር"** ማለት ከተማን ለማስተዳደር በህግ አግባብ ስልጣንና ተግባር የተሰጠው የአስተዳደር አካል ማለት ነው።
፭) **"ሕንፃ"** ማለት ለፋብሪካ፣ ለቢሮ፣ ለመኖሪያ ቤት ወይም ለሌላ ማናቸውም አገልግሎቶች የሚውል ቋሚ ወይም ጊዜያዊ ግንባታ ማለት ነው።
፮) **"የህንፃ ባለቤት"** ማለት ህንፃ ያለው፣ የሚገነባ ወይም የሚያፈርስ ሰው ማለት ነው።
፯) **"የሕንፃ ሹም"** ማለት ይህንን አዋጅ እንዲያስፈጽም ስልጣን የተሰጠው ሰው ማለት ነው።
፰) **"የህንፃ ተቆጣጣሪ"** ማለት የህንፃ ግንባታ ሥራን ገምግሞ ውሳኔ እንዲሰጥ ሥልጣን የተሰጠው ባለሙያ ማለት ነው።
፱) **"የተመዘገበ ባለሙያ"** ማለት ስልጣን ባለው አካል ተመዝግቦ በዲዛይን ወይም ኮንስትራክሽን ሙያ የምስክር ወረቀት የተሰጠው ሰው ወይም በኮንስትራክሽን አማካሪነት ተመዝግቦ የምሥክር ወረቀት የተሠጠው ማለት ነው።
፲) **"የተመዘገበ የሥራ ተቋራጭ"** ማለት ሥልጣን ባለው አካል ተመዝግቦ የሥራ ተቋራጭነት ወይም በኮንስትራክሽን ሥራ የምስክር ወረቀት የተሰጠው ሰው ወይም ድርጅት ማለት ነው።
፲፩) **"የ "ሀ" ምድብ ሕንፃ"** ማለት በሁለት የብረት ወይም የኮንክሪት ወይም ሌሎች ስትራክቸራል ውቅሮች መካከል ያለው ርቀት ፯ ሜትር ወይም ከዚያ በታች የሆነ ከሁለት ፎቅ በታች የሆነ ማናቸውም የግል የመኖሪያ ቤት ማለት ነው።
፲፪) **"የ "ለ" ምድብ ሕንፃ"** ማለት በሁለት የብረት ወይም የኮንክሪት ወይም ሌሎች ስትራክቸራል ውቅሮች መካከል ያለው ርቀት ከ፯ ሜትር በላይ የሆነ ወይም ከመሬት ወለል በላይ ከሁለት ፎቅ በላይ የሆነና በምድብ "ሐ" ሕንፃ ስር የማይካተት ወይም በምድብ "ሀ" ስር የተመደበ እንደ ሪልስቴት ያለ የቤቶች ልማት ማለት ነው።

**2. Definitions**

Unless the context requres otherwise, in this Proclamation:

1) **"Bureau"** means Oromia Industry and Urban Development Bureau.
2) **"Government"** means the government of Oromia National Regional State.
3) **"City or Town"** means any city or town duly provided with urban-legal personality in accordance with the Oromia Region Towns Administration Proclamation.
4) **"City or Town Administration"** means an administrative organ duly mandated by the relevant law in force to administer city or town
5) **"Building"** means a permanent or temporary construction used for plant or factory, office, residential or any other purposes.
6) **"Building Owner"** means any person owning building, constructing building or demolishing building.
7) **"Building Officer"** means any person duly authorized to implement this proclamation.
8) **"Building Inspector"** means any professional person authorized to inspect or evaluate and pass decision on the process of building or construction
9) ***"Registered Professional"*** *means any* person who is issued with a certificate as a designer or construction profession or registered and issued with a certificate as a construction consulting firm.
10) **"Registered Contractor"** means any person or organization duly registered by the competent body and issued with a certification as a contractor.
11) **"Category 'A' Building"** means any private residential house having steel columns or any other two columns with a distance of 7 meters in between or any private residential house below G+2 building
12) **"Category 'B' Building"** means any building, having steel columns or any other two columns with a distance of more than 7 meters in between or any such housing above G+2 building in such a way that such housing is not categorized under catagory 'C' Building or is classified under catagory 'A' building, like real estate.

www.abyssinialaw.com



13) **"Gamoo Ramaddii C"** jechuun gamoo tajaajila ummataatiif oolu yookiin gamoo dhaabbataa ta'ee warshaa, workishooppii yookiin lafa irraa hanga dhumaatti kan dheerinni isaa meetira 12 ol ta'e gamoo kamiyyuu jechuudha.

14) **"Ijaarsa"** jechuun gamoo haaraa ijaaramu yookiin gamoo duraan ijaarame fooyyessuu yookiin gosa tajaajila isaa jijjiiruu jechuudha.

15) **"Ijaarsa Yeroof Gaggeessuu"** jechuun ijaarsa gamoo yeroon turmaata isaa murtaa'ee ijaaramu yeroon turmaata isaa yoo xumurame gamoo ka'u yookiin diigamu jechuudha.

16) **"Gamoo Sodaachisaa"** jechuun gamoo ijaarsi isaa amansiisaa hin taane yookiin sadarkaa ol'aanaadhaan nageenya namaatiif sodaachisaa ta'e yookiin balaa ibiddaatiif saaxilamuu danda'u jechudha.

17) **"Sanada"** jechuun ijaarsaafi diizaayinii gamootiin kan walqabate ragaa barbaachisaa ta'e yookiin pilaanii qophaa'e, gabaasa tilmaama gatii yookiin ragaa dhimma teekiniikaa kamiyyuu kan hubachiisu jechuudha.

18) **"Gamoo Mana Jireenyaa Dhuunfaa"** jechuun mana jireenyaa maatii tokkoof tajaajilu ta'ee mana jireenya kutaa tokkoo fi isaa ol qabu yookiin mana qulqullinaafi tajaajila bilcheessaaf kan oolu ta'ee, dallaa mana jireenyaa kana keessatti kan argamu iddoo dhaabbii konkolaataafi jireenyaaf oolu ta'ee mana guddaa irraa kutaa adda bahe ni dabalata.

19) **"Pilaanii"** jechuun ragaa hanga gamoo tokkoo, akaakuufi bal'ina, akkasumas meeshaafi diizaayinii tooftaa ijaarsa gamoo agarsiisu yookiin moodeela yoo ta'u arkiteekicharii, istiraakicharii, saanitarii, elektiriika, mekaanikaala ta'ee ittisa balaa ibiddaafi hojiilee diizaayinii biroo ni dabalata.

20) **"Ajaja Dhorkaa"** jechuun ajaja hojiin ijaarsa gamoo akka dhaabbatu yookiin akka addaan citu Shuumii Gamoo yookiin qaama bakka bu'een kennamu jechuudha.

21) **"Darbii"** jechuun kutaa bal'ina gamoo lama giddu yookiin gara oliin bal'ina biroo kan hin jirre yoo ta'e bal'inaafi baaxii giddu kan jiru jechuudha.

22) **"Nama"** jechuun nama uumamaa yookiin seeraan qaamni seerummaa kennameef jechuudha.



፲፫)"የ "ሐ" ምድብ ሕንፃ" ማለት ለህዝባዊ አገልግሎት የሚውል ህንፃ ወይም ቋሚ ሕንፃ ሆኖ ፋብሪካ፣ ወርክሾፕ ወይም ከመሬት እስከ መጨረሻ ከ፲፪ ሜትር በላይ የሆነ ማንኛውም ሕንፃ ማለት ነው።

፲፬)"ግንባታ" ማለት አዲስ ሕንፃ መገንባት ወይም ቀድሞ የነበረን ሕንፃ ማሻሻል ወይም የአገልግሎቱን ዘርፍ መቀየር ማለት ነው።

፲፭) "ጊዜያዊ ግንባታ ማካሄድ" ማለት በጊዜ ገደብ ተወስኖ የሚገነባ ግንባታ ሆኖ የጊዜ ገደቡ ሲጠናቀቅ የሚነሳ ወይም የሚፈርስ ማለት ነው።

፲፮)"አስጊ ሕንፃ" ማለት ግንባታው አስተማማኝ ያልሆነ ሕንፃ በከፍተኛ ደረጃ ለሰው ደህንነት አስጊ የሆነ ወይም ለእሳት አደጋ መጋለጥ የሚችል ማለት ነው።

፲፯) "ሰነድ" ማለት ከሕንፃ ዲዛይንና ግንባታ ጋር በተያያዘ ተፈላጊ የሆነ ማስረጃ ወይም የተዘጋጀ ፕላን፣ የዋጋ ግምት ሪፖርት ወይም ማንኛውም የቴክኒክ ጉዳይን የሚያስረዳ ሰነድ ማለት ነው፣

፲፰) "የግል መኖሪያ ቤት ሕንፃ" ማለት ለአንድ ቤተሰብ የሚያገለግል መኖሪያ ቤት ሆኖ አንድ ክፍልና ከዚያ በላይ ያለው፣ ለመፀዳጃና ለማብሰያ የሚውል ክፍል ያለው ሆኖ በዚህ የመኖሪያ ቅጥር ግቢ ውስጥ የመኪና ማቆሚያ ያለውና ለመኖሪያ የሚውል ከዋናው ቤት የተለየ ክፍል ሊጨምር ይችላል።

፲፱) "ፕላን" ማለት የአንድን ሕንፃ መጠን፣ አይነት፣ ስፋት፣ እንዲሁም ሕንፃው የሚሰራበትን ቁሳቁስና የአገነባብ ዘዴን የሚያሳይ ንድፍ ወይም ሞዴል ሲሆን የአርኪቴክቸር፣ የእስትራክቸር፣ የሳኒተሪ፣ የኤሌክትሪካልና መካኒካል ሆኖ የእሳት አደጋ መከላከያና የሌሎች ስራዎችን ንድፍ ሊያካትት ይችላል።

፳) "የእግድ ትዕዛዝ" ማለት የሕንፃ ግንባታ ስራው እንዲቆም ወይም እንዲቋረጥ በህንፃው ሹም ወይም በተወከለ አካል የሚሰጥ ትዕዛዝ ማለት ነው።

፳፩) "ፎቅ" ማለት በሁለት ወለሎች መካከል ያለ ወይም ወደ ላይ ሌሎች ወለሎች ከሌሉ በወለልና ኮርኒስ መካከል ያለ የህንፃ ክፍል ማለት ነው።

፳፪) "ሰው" ማለት የተፈጥሮ ሰው ወይም በሕግ የሰውነት መብት የተሰጠው አካል ማለት ነው።



13) **"Category 'C' Building"** means any building constructed for public services or any other permanent building with a total height of more than 12 meters from the ground, constructed for a factory/plant, workshop or any other related purposes.

14) **"Construction"** means the construction of a new building or modification of an existing building or the alteration of its use.

15) **"Temporary Construction"** means a temporary construction erected for a limited period of time and to be demolished at the completion of such period.

16) **"Risky Building"** means any building that is structurally unsafe or entailing poor or unreliable construction standard or significant threats to human safety and health or venerability to fire.

17) **"Document"** means any required documentation or evidences or defined plan or bill of quantities or any other technical specifications pertaining to the building's construction and design.

18) **"Private Residential Building"** means any residential house to be used by a single household and having one and more rooms or toillette and kitchen as well as inside-parking and service-quarters, in addition to the master-residential house.

19) **"Plan"** means a documentation or model specifying the size, type and area as well as construction materials and design specification of a given building, including the architectural, structural, sanitary, electrical and mechanical components of the same with the required fire protection and any other design-works.

20) **"Order of Suspension"** means any orders to be issued by the competent Building Officer or any other duly designated representative for the suspension or discontinue activities on a building construction site.

21) **"Storey"** means any part of a given building in between two floors or between floors and ceiling.

22) **"Person"** means any natural or juridical person having due legal personality.

www.abyssinialaw.com







**3. Ibsa Saalaa**

Labsii kana keessatti jechi saala dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**4. Daangaa Raawwatiinsaa**

1) Labsiin kun gamoo magaalaa fi magaalaan alatti ijaaraman irratti kan raawwatiinsa qabaatu:

a) Magaalota jiraattota 10,000 fi isaa ol qaban;

b) Magaalota kan biroo baay'inni jiraattota isaanii 10,000 gadi ta'us sababoota adda addaatiin akka isaan irratti raawwatiinsa qabaatu Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan murtaa'e yoo ta'e;

c) Magaalaan alattis gamoowwan argaman kan ummanni itti tajaajilamu, gamoowwan industirii yookiin dhaabbilee qonnaa ammayyaa yookiin gamoowwan Riil Isteetii irratti raawwatiinsa ni qabaata.

2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, Labsiin kun kanatti aanan irratti raawwatiinsa hin qabaatu.

a) Gamoo Labsiin kun mirkanaa'uun dura ijaarsi isaa xumurame;

b) Labsiin kun mirkanaa'uun dura eeyyamni ijaarsaa mirkanaa'een hojiin ijaarsaa gaggeeffamaa jiru irratti;

c) Gamoo sababoota adda addaatiin Labsiin kun akka irratti hin raawwatamne Mana Maree Bulchiinsa Magaalatiin murtaa'e irratti.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame jiraatullee, Labsiin kun akka irratti raawwatiinsa qabaatu Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni dhimmi ilaallatu murteessu kan danda'u:

a) Labsiin kun ragga'uun dura eeyyamni ijaarsaa kennameefii hojiin ijaarsa isaa jalqabamee guyyaa Labsiin kun ragga'e irraa hanga waggaa sadiitti gamoo ijaarsi isaa hin xumuramne irratti.

b) Gamoo jijjiirraa tajaajila kennuu gaafatu irratti sadarkaan isaa tajaajila barbaadamuuf gahaa ta'uu isaa mirkaneessuuf.

c) Gamoo gaaffiin eeyyamni haaromsaa irratti dhiyaatuuf.

፫. የፆታ መግለጫ

በዚህ አዋጅ ውስጥ ለወንድ ፆታ የተገለጸው ለሴትም ያገለግላል::

፬. የተፈጻሚነት ወሰን

፩) ይህ አዋጅ በከተማ ወስጥና ከከተማ ውጪ በተሰሩ ሕንፃዎች ላይ ተፈፃሚነት የሚኖረው፣

ሀ) ፲ሺ እና ከዚያ በላይ ነዋሪዎች ባሏቸው ከተሞች፡-

ለ) በሌሎች ከተሞች የነዋሪዎቹ ብዛት ከ፲ሺ በታች ቢሆንም በተለያዩ ምክንያቶች በእነርሱ ላይ ተፈጻሚነት እንዲኖረው በኦሮሚያ ብሔራዊ ክልላዊ መንግስት መስተዳድር ምክር ቤት የሚወሰን ከሆነ፣

ሐ) ከከተማ ውጪ በሚገኙም ሕንፃዎች ሕዝቡ የሚገለገልባቸው የኢንዱስትሪ ወይም የዘመናዊ እርሻ ድርጅቶች ሕንፃዎች ወይም በሪልስቴት ሕንፃዎች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል::

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ላይ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ይህ አዋጅ በሚከተሉት ላይ ተፈፃሚነት አይኖረውም::

ሀ) ይህ አዋጅ ከመታወጁ በፊት የግንባታ ሥራው የተጠናቀቀ ሕንፃ፣

ለ) ይህ አዋጅ ከመታወጁ በፊት የግንባታ ፈቃድ ተሰጥቶት ግንባታ እየተካሄደ ባለ ሕንፃ ላይ፣

ሐ) በተለያዩ ምክንያቶች ይህ አዋጅ ተፈፃሚነት እንዳይሆንባቸው በከተማ አስተዳደር ምክር ቤት በተወሰኑት ላይ፣

፫) የዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ ድንጋጌ ቢኖርም ይህ አዋጅ ተፈፃሚነት እንዲኖረው የከተማ አስተዳደር ወይም የሚመለከተው አካል መወሰን የሚችለው፣

ሀ) ይህ አዋጅ ከመጽደቁ በፊት የግንባታ ፈቃድ ተሰጥቶት የግንባታ ሥራው ተጀምሮ፣ አዋጁ ከፀደቀበት ጊዜ አንስቶ እስከ ሶስት ዓመት ባልተጠናቀቀ የህንፃ ግንባታ ላይ፣

ለ) የአገልግሎት ለውጥ መስጠት የሚጠይቅ ህንፃ ላይ ሕንፃው ሊሰጠው ከታሰበው አገልግሎት አንፃር ደረጃውን የጠበቀ መሆኑን ለማረጋገጥ፣

ሐ) የእድሳት ፈቃድ ጥያቄ በሚቀርብለት ህንፃ ላይ::

**3. Gender Reference**

Provisions of this Proclamation set out in masculine gender shall also apply to the feminine gender.

**4. Scope of Applicability**

1) This Proclamation applies on any construction or building which is found in the urban and outside of urban area where:

(a) The towns have 10,000 dwellers and above;

(b) Any other towns subject to decision by the Regional Administrative Council decides its applicability in spite of the fact that such cities or towns have below 10,000 dwellers;

(c) Buildings in the rural built for public services, buildings owned by industrial and modern farming organizations as well as real-estate buildings located outside urban area.

2) Without prejudice to the provisions of Sub-Article 1 of this Article, this Proclamation may not apply on the following.

(a) Building completed before the effective date of this Proclamation.

(b) Which is under construction with a building permit issued before the effective date of this Proclamation;

(c) Other buildings exempted from the application of this Proclamation by the decision of the Town Administrative Council.

3) Notwithstanding the provision of Sub-Article 2 of this provision, the urban administration or the concerned organ may decide on:

(a) Buildings under construction with a building permit issued before the effective date of the Proclamation if such construction is not completed within three years of the effective date of the Proclamation;

(b) In order to ensure the compliance of a building for which alteration of service is required with the service such building sought to render;

(c) Building to which renovation is required.

www.abyssinialaw.com



## KUTAA LAMA

### Dhimmoota Bulchiinsaa

**5. Waa'ee Iyyannoofi Pilaanii Dhiyeessuu**

1) Namni kamiyyuu hojii ijaarsaa gaggeessuuf Bulchiinsa Magaalaatiif yookiin qaama dhimmi ilaallatuuf iyyannoo isaa barreeffamaan dhiyeeffachuu qaba.
2) Iyyannoon bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaatu bu'uura unkaa Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni dhimmi ilaallatu qopheesse irratti akkaataa ramaddii gamootiin diizaayiniifi ibsa kan qabu ta'uu qaba.
3) Iyyannoo dhiyaatu waliin ragaaleen maqaan iddoowwan daangaa irratti argaman, daandiiwwaniifi iddoo beekamaa ibsu dhiyaachuu qaba.
4) Iyyataan ragaa iddoo gamoon irratti ijaaramu yookiin mirga qabiyyee iddichaa mirkaneessu dhiyeessuu qaba.
5) Sanadoonni dhiyaatan Labsii kanaafi seerota biroo irratti mul'atan guutamu isaanii mirkaneessuuf haala gahumsa qabuun kan guutaman ta'uu qabu.

**6. Waliigaltee Pilaanii**

1) Namni ijaarsa gaggeessuuf barbaadu kamiyyuu hayyama ijaarsaa argachuuf iyyannoo dhiyeessuun dura waliigaltee pilaanii argachuu qaba.
2) Shuumiin Gamoo iyyannoo waliigaltee pilaanii dhiyaateef qorachuun pilaanii magaalichaa waliin kan walsimu yookiin wal hin simne ta'uu isaa barreeffamaan ni mirkaneessa.

**7. Pilaanii Mirkaneessuu**

1) Shuumiin Gamoo sanada pilaanii dhiyaateef tumaalee Labsii kanaafi seerota biroo waliin walsimuu isaa mirkaneeffachuu qaba.
2) Shuumiin Gamoo ulaagaalee Labsii kana keessatti yookiin seerota biroo keessatti hin ibsamin sababa gochuun pilaanii dhiyaateef mirkaneessuu diduu hin danda'u.
3) Pilaanii akka mirkanaa'u dhiyaatu irratti dogoggorri uumame adeemsa hojii keessatti kan sirraa'uu danda'u ta'uu yoo mirkaneeffate Shuumiin Gamoo yaada irratti kennuun pilaanicha mirkaneessuu ni danda'a. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.
4) Pilaanii mirkanaa'e irratti chaappaan "Mirkanaa'eera" jedhu itti taasifamee, lakkoofsa galmeefi guyyaa itti mirkanaa'e kan qabuufi Shuumii Gamootiin kan mallattaa'e ta'uu qaba.



## ክፍልሁለት

### የአስተዳደር ጉዳዮች

**፭. ማመልከቻና ፕላን ስለማቅረብ**

፩) ማንኛውም ሰው የግንባታ ስራ ለማካሄድ ለከተማ አስተዳደር ወይም ለሚመለከተው አካል ማመልከቻ በጽሁፍ ማቅረብ አለበት::
፪) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሠረት የሚቀርብ ማመልከቻ የከተማ አስተዳደር ወይም የሚመለከተው አካል ባዘጋጀው ቅጽ ላይ በሕንፃው ምደባ መሰረት ዲዛይንና መግለጫ ሊኖረው ይገባል::
፫) ከሚቀርበው ማመልከቻ ጋር በአዋሳኝ ቦታዎች ላይ የሚገኙ በስም የተጠቀሱ መንገዶችንና የታወቁ ቦታዎችን የሚገልጽ ማስረጃ መቅረብ አለበት::
፬) አመልካቹ ሕንፃው የሚገነባበት ቦታ ማስረጃ ወይም የቦታው የይዞታ ባለመብትነትን የሚያረጋግጥ ማስረጃ ማቅረብ አለበት::
፭) የሚቀርቡት ሰነዶች በዚህ አዋጅና ሌሎች ህጎች ላይ ያሉት መሟላታቸውን ለማረጋገጥ በተገቢ ሁኔታ መቅረብ አለባቸው::

**፮. የፕላን ስምምነት**

፩) ማንኛውም የግንባታ ስራ ለማካሄድ የሚፈልግ ሰው የግንባታ ፈቃድ ለማግኘት ማመልከቻ ከማቅረቡ በፊት የፕላን ስምምነት ማግኘት አለበት::
፪) የሕንፃ ሹም የቀረበለትን የፕላን ስምምነት ማመልከቻ በመመርመር ከከተማው ፕላን ጋር የሚጣጣም ወይም የማይጣጣም መሆኑን በጽሁፍ ያረጋግጣል::

**፯. ፕላን ስለማጽደቅ**

፩) የሕንፃ ሹም የቀረበለትን የፕላን ሰነድ ከዚህ አዋጅና ሌሎች ህጎች ጋር የሚጣጣም መሆኑን ማረጋገጥ አለበት::
፪) የህንፃ ሹም በዚህ አዋጅ ወይም በሌሎች ህጎች ውስጥ ያልተጠቀሱትን መስፈርቶች ምክንያት በማድረግ የቀረበለትን ፕላን ለማረጋገጥ ፈቃደኛ አለመሆን አይችልም::
፫) እንዲጸድቅ በቀረበ ፕላን ላይ የተፈጠረው ስህተት ቀላልና በስራ ሂደት ውስጥ ሊስተካከል የሚችል ከሆነ የሕንፃው ሹም ሀሳብ ሰጥቶበት ፕላኑን ማጽደቅ ይችላል:: ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ ይገለፃል::
፬) በጸደቀው ፕላን ላይ "ጸድቋል" የሚል ማህተም የተደረገበት፣ የምዝገባ ቁጥርና የጸደቀበት ቀን ያለውና በሕንፃ ሹም የተፈረመ መሆን አለበት::



## PART TWO

### Administrative Matters

**5. Submission of Applications and Plans**

1) Any interested person must submit written application to a Town Administration or the pertinent organ in order to undertake construction work.
2) Any application submitted under Sub-Article 1 of this Article must be accompanied by the corresponding design and specification or description as per the building category thereof and in line with due form developed by the concerned Town Administration or the concerned body.
3) A documentation that certifies the list of borders, roads and official places shall be enclosed with the application.
4) The applicant must submit due certification or title-documentation pertaining to the site or land of construction.
5) The document to be submitted shall be sufficiently to determine compliance with this Proclamation and other laws.

**6. Plan Agreement**

1) Any applicant interested in the execution of construction work shall, prior to disposing an application for issuance of construction license, obtain plan agreement.
2) After having recived an application for a planning consent a Building Officer shall grant a written confirmation for compliance or non compliance with the urban planning.

**7. Approval of Plan**

1) The Building Officer must check or confirm that the plan documentation complies with this Proclamation and other laws.
2) The Building Officer shall not refuse to approve the plan brought to him based on the requirements unspecified by this proclamation or other laws.
3) In case the error occurring in this respect is a minor error that may be rectified in due course, the Building Officer shall forward his recommendation and approved the plan accordingly. The details shall be determined by the Regulation to be issued.
4) The approval of plan shall be stamped 'Approved', contain the approval-registration number and date as well as authorized signature of the Building Officer.

www.abyssinialaw.com



5) Unkaaleen iyyannoo pilaanii mirkanaa'e waliin dhiyaatan iddoo duwwaa unkaa dhimma kanaaf qophaa'an irratti mallattoon "Mirkanaa'eera" jedhu taasifamee lakkoofsa galmeefi guyyaa itti mirkanaa'e qabaachuu qaba. Yaadni dabalataa kan jiru yoo ta'e bakka duwwaa dhimma kanaaf qophaa'e irratti barreeffamee Shuumii Gamootiin mallattaa'uu qaba.

6) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 tiin pilaanichi erga mirkanaa'ee booda unkaa iyyannoofi waraabbii pilaanichaa waliin iyyataaf ni kennama. Waraabbiin biroo immoo Bulchiinsa Magaalaa yookiin qaama bakka bu'e bira taa'a.

7) Garagalchi iyyannoofi pilaanii mirkanaa'ee mallattoofi chaappaan kan irratti taasifame iddoo hojiin ijaarsi gamichaa ittigaggeeffamutti ifaan akka mul'atu ta'ee ni kaa'ama.

8) Orjiinaalli pilaanii mirkanaa'ee iyyata dhiyaate waliin ijaarsi jalqabamuun duraafi yammuu ijaarsi gaggeeffamu kamiyyuu Shuumii Gamootiin yookiin qaama dhimmi ilaallatuun yammuu gaafatamu dhiyaachuu qaba.

**8. Yeroo Gamaaggama Pilaanii**

Shuumiin Gamoo sanada pilaanii dhiyaateef gamaaggamuun yeroo murtaa'e keessatti mirkaneessuu yookiin kufaa gochuu qaba. Tarreeffamni isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**9. Pilaanii Kufaa Taasisuu**

1) Pilaaniin tumaalee Labsii kanaafi seerota birootiin wal faallessu kufaa ta'a.
2) Pilaaniin dhiyaate kufaa yoo ta'e, Shuumiin Gamoo sababa kufaa itti taasiseefi seera darbame gabaabinaan ibsuun mallattoo isaatiin mirkaneessuu qaba.
3) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 tiin pilaaniin kufaa ta'e garagalchi isaa kooppiin lama iyyataaf kan kennamu ta'ee, kooppiin tokko Bulchiinsa Magaalaa yookiin qaama dhimmi ilaalu bira akka taa'u ni taasifama.

**10. Hayyama Ijaarsaa**

Bu'uura Labsii kanaa Keewwata 7tiin pilaaniin mirkanaa'e hayyama ijaarsaa ta'ee ni tajaajila.

**11. Yeroo Pilaaniin Mirkanaa'e Ragga'ee Itti Turu**

1) Hojiin ijaarsaa kan hin jalqabamne yoo ta'e, yeroon pilaaniin mirkanaa'e ragga'ee itti turu guyyaa mirkanaa'e irraa eegalee hanga ji'a jahaatiif ta'a. Raawwiin isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.



፭) ከጸደቀው ፕላን ማመልከቻ ጋር የሚቀርቡ ቅጾች ለዚህ ጉዳይ በተዘጋጁ ባዶ ቦታዎች ቅጽ ላይ "ጸድቋል" የሚል ምልክት ተደርጎበት የምዝገባ ቁጥርና የጸደቀበት ቀን ሊኖረው ይገባል:: ተጨማሪ ሀሳብ ካለ ለዚህ ጉዳይ በተዘጋጀው ባዶ ቦታ ላይ ተጽፎ በሕንፃ ሹም መፈረም አለበት::

፮) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፫ መሰረት ፕላኑ ከጸደቀ በኋላ የማመልከቻው ቅጽና የፕላኑ ግልባጭ በአንድ ላይ ለአመልካች ይሰጣል:: ሌሎች ግልባጮች ደግሞ በከተማው አስተዳደር ወይም በተወከለው አካል ዘንድ ይቀመጣል::

፯) የማመልከቻውና የጸደቀው ፕላን ግልባጭ ፊርማና ማህተም የተደረገበት ሆኖ የሕንጻው ግንባታ ስራ በሚካሄድበት ቦታ በግልጽ እንዲታይ ሆኖ ይቀመጣል::

፰) የጸደቀው ፕላን ዋና ማስረጃ ከቀረበው ማመልከቻ ጋር ግንባታው ከመጀመሩ በፊትና ግንባታው በሚካሄድበት ወቅት በሕንፃ ሹም ወይም በሚመለከተው አካል ሲጠየቅ መቅረብ አለበት::

**፰. የፕላን ግምገማ ጊዜ**

የህንፃ ሹም የቀረበለትን የፕላን ሰነድ በመገምገም በተወሰነ ጊዜ ውስጥ ማጽደቅ ወይም ውድቅ ማድረግ አለበት:: ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል::

**፱. ፕላኑን ውድቅ ስለማድረግ**

፩) ከዚህ አዋጅ ድንጋጌዎችና ሌሎች ህጎች ጋር የሚቃረን ፕላን ውድቅ ይሆናል::
፪) የቀረበው ፕላን ውድቅ ከተደረገ የህንፃው ሹም ውድቅ ያደረገበትን ምክንያትና የተላለፈውን ህግ በአጭሩ በመግለጽ በፊርማው ማረጋገጥ አለበት::
፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፪ መሰረት ውድቅ የተደረገ ፕላን ግልባጭ ፪ ኮፒ ለአመልካች የሚሰጥ ሲሆን፣ አንድ ኮፒ የከተማ አስተዳደር ወይም የሚመለከተው አካል ዘንድ እንዲቀመጥ ይደረጋል::

**፲. የግንባታ ፈቃድ**

በዚህ አዋጅ አንቀጽ ፯ መሰረት የጸደቀ ፕላን የግንባታ ፈቃድ ሆኖ ያገለግላል::

**፲፩. የጸደቀው ፕላን ጸንቶ የሚቆይበት ጊዜ**

፩) የግንባታ ሥራ ካልተጀመረ የጸደቀው ፕላን ጸንቶ የሚቆየው ከጸደቀበት ጊዜ አንስቶ ለ፮ ወራት ጊዜ ይሆናል:: ዝርዝሩ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል::



5) Application forms submitted with approved plans shall be stamped "Approved" in the appropriate space provided and shall bear a registration number and date of approval. Comments, if any, shall be entered on the form in the space proveded and shall be signed by a Buliding Officer.

6) Once the plan is approved in accordance with Sub-Article 3 of this Article, the copy of such plan shall be given to the applicant along with the application thereto. And the other copies shall be kept by the Town Administration or its designated representative.

7) The application and copy of the plan shall bear signature and seal thereby being conspicuously placed at the concerned construction site of the building.

8) The original approved plan shall be submitted to the concerned Building Officer or the relevant representative, along with the application thereto, prior to the commencement or in due course of construction work upon due request.

**8. Period of Plan Review**

The Building Officer must review the plan-documentation and subsequently approve or disapprove the same within a specified period thereof. The details shall be determined by the Regulation to be issued.

**9. Disapproval of Plans**

1) Any plan contradicting with the provisions of this Proclamation and any other relevant laws shall be rejected.
2) Once such plan is disapproved, the Building Officer shall briefly state the grounds and legal justification for such disapproval and subsequently subscribe his signature.
3) Two copies of the plan disapproved under Sub-Article 2 of this Article shall be given to the applicant where as the remaining one copy shall be kept by the town administration or the concerned organ.

**10. Construction License**

Any plan approved pursuant to Article 7 of this proclamation shall serve as a construction license.

**11. Effective Period of the Approved Plan**

1) If the construction work is not commenced, the plan approved shall remain effective for 6 months only from the date of its approval.The details shall be determined by the Regulation to be issued.

www.abyssinialaw.com



2) Hojiin ijaarsaa guyyaa pilaanichi mirkanaa'e irraa eegalee ji'a jaha keessatti kan jalqabameefi kan hin xumuramne yoo ta'e pilaanichi guyyaa mirkanaa'ee eegalee waggoota shaniif ragga'ee ni tura.
3) Bu'uura Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumameen yeroon pilaanichi ragga'ee itti turu yoo xumurame yeroon dabalataa pilaanchi mirkanaa'ee itti turu akka kennamu bu'uura tumaalee Labsii kanaatiin iyyannoon dhiyaachuu qaba.

**12. Shuumii Gamoo**

1) Nama Labsii kanaafi seerota biroo raawwachiisuuf ogummaafi qophii barumsaa gahaa qabu qaamni dhimmi ilaalu Shuumii Gamoo godhee ramaduu ni danda'a.
2) Shuumiin Gamoo iyyannoo pilaaniin akka mirkanaa'u dhiyaateef fuudhuun bu'uura Labsii kanaatiifi seerota biroo dhimma kana irratti fudhatama qabaniitiin xiinxalee kan walsiman yoo ta'ee ni mirkaneessa.
3) Shuumiin Gamoo daangaa magaalaa yookiin iddoo isa ilaallatu keessatti gamoo argamu tumaalee Labsii kanaatiin kan walsimu ta'uu isaa mirkaneeffachuuf to'annoo ni gaggeessa.
4) Shuumiin Gamoo gahee hojii isaa akka bahu hojjattoota gargaaran bulchiinsa magaalaatiin yookiin qaama dhimmi ilaallatuun ramadamuufii ni danda'a. Haa ta'u malee, iyyannoo pilaanii mirkaneessuuf dhiyaatuufi gabaasa xiinxala gamaaggama pilaanii irratti murtii kennuun gahee hojii isaa ta'a.
5) Shuumiin Gamoo Labsiin kun ragga'uun dura gamoo ijaaramaniifi Labsiin kun akka irratti raawwatiinsa hin qabaanne gamoo murtaa'an akka qorataman gochuuf, nageenya hawaasaatiif sodaachisaa ta'anii kan argaman akka diigaman yookiin akka sirreeffaman ajajuuf aangoo ni qabaata.
6) Shuumiin Gamoo pilaanii dogongoraan mirkanaa'een gamoo ijaarame akka sirreeffamu ajajuuf aangoo ni qabaata. Haa ta'u malee, ajaja sirreeffamaa kana kennuuf sababaa gahaa qabaachuufi barreeffamaan Abbaa Gamichaatiif kennuu qaba.
7) Shuumiin Gamoo bu'uura tumaalee Labsii, Dambiifi Qajeelfama Labsii kana raawwachiisuuf bahaniitiin itti gaafatamummaa kennamaniif akkaataa seeraatiin raawwachuu dhabuu isaatiin qaama sadaffaa irra miidhaa gahuuf ittigaafatamummaan yakkaan hordofsiisu akkuma eegametti ta'ee bu'uura tumaalee seera Hariiroo Hawaasaatiin dhuunfaa isaatti kan itti gaafatamu ta'a.



፪) የግንባታ ሥራ ፕላኑ ከጸደቀበት ቀን አንስቶ በ፮ ወራት ጊዜ ውስጥ የተጀመረና ያልተጠናቀቀ ከሆነ ፕላኑ ከጸደቀበት ቀን አንስቶ ለ፭ ዓመት ጸንቶ ይቆያል::
፫) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ እና ፪ ሥር በተደነገገው መሰረት ፕላኑ ጸንቶ የሚቆይበት ጊዜ ከተጠናቀቀ፣ ፕላኑ ጸንቶ የሚቆይበት ጊዜ እንዲራዘም በዚህ አዋጅ ድንጋጌዎች መሰረት አቤቱታ መቅረብ አለበት::

**፲፪. የሕንፃ ሹም**

፩) ይህንን አዋጅና ሌሎች ህጎችን ለማስፈጸም በቂ የትምህርት ዝግጅትና ሙያ ያለውን ሰው የሚመለከተው አካል የሕንጻ ሹም አድርጎ ሊመድብ ይችላል::
፪) የሕንፃ ሹም ፕላን እንዲፀድቅ የሚቀርብ ማመልከቻ በመቀበል በዚህ አዋጅና በዚህ ጉዳይ ላይ ተቀባይነት ካላቸው ሌሎች ህጎች ጋር በማገናዘብ የሚጣጣም ከሆነ ፕላኑን ያፀድቃል::
፫) የሕንፃ ሹሙ በከተማው ክልል ወይም እሱን በሚመለከት ክልል ውስጥ የሚገኙት ህንፃዎች ከዚህ አዋጅ ድንጋጌ ጋር የሚጣጣሙ መሆኑን ለማረጋገጥ ቁጥጥር ያደርጋል::
፬) የህንፃ ሹሙ የሥራ ድርሻውን ለመወጣት በከተማ አስተደደሩ ወይም በሚመለከተው አካል አጋዥ ባለሙያዎች ሊመደቡለት ይችላል:: ይሁን እንጂ ፕላኑን ለማጽደቅ በሚቀርበው ማመልከቻና የፕላን ግምገማ ሪፖርት ላይ ውሳኔ መስጠት የእሱ ኃላፊነት ይሆናል::
፭) የሕንፃ ሹሙ ይህ አዋጅ ከመፅደቁ በፊት የተሰሩ ሕንፃዎችና አዋጁ ተፈፃሚ እንዳይሆን የተወሰነባቸው ህንፃዎች እንዲጠኑ ለማድረግ፣ ለህዝብ ደህንነት አስጊ ሆነው የተገኙ እንዲፈርሱ ወይም እንዲስተካከሉ የማዘዝ ስልጣን ይኖረዋል::
፮) የሕንጻ ሹሙ በስህተት በፀደቀ ፕላን የተገነባ ህንፃ እንዲስተካከል ለማዘዝ ስልጣን ይኖረዋል:: ይሁን እንጂ ይህን የማስተካከያ ትዕዛዝ ለመስጠት በቂ ምክንያት ሊኖረውና ለባለቤቱ በፅሁፍ ሊሰጠው ይገባል::
፯) የሕንጻ ሹሙ የአዋጁን ድንጋጌዎች ለማስፈፀም በወጡት አዋጅ፣ ደንብና መመሪያ መሰረት የተሰጠውን ኃላፊነት በህግ መሠረት ባለማስፈፀሙ በሦስተኛ ወገን ላይ ለሚደርስ ጉዳት በወንጀል የሚያስከትለው ተጠያቂነት እንደተጠበቀ ሆኖ በፍትሐብሔር ህግ ድንጋጌዎች መሠረት በግሉ ተጠያቂ ይሆናል::



2) In case the construction work is commenced but not completed or is pending within the period of 6 months from the approval date of the plan, the same shall remain effective for 5 years.
3) Upon the expiry date of the effective period for the plan approved as provided under Sub-Article 1or 2 of this Article, due application for extension of the plan effective period must be filed as per the provisions of this Proclamation.

**12. The Building Officer**

1) The concerned body or the designated representative thereof shall appoint a qualified, competent, well experienced and skilled Building Officer to implement this Proclamation and any other pertinent laws.
2) A Building Officer shall receive applications for approval of plans and issue approved plans after ascertaining for compliance with this Proclamation and other laws.
3) A Building Officer shall inspect all buildings under the territorial jurisdiction of the urban administration or designated organ to ascertain conformity with this proclamation.
4) A Building Officer may be assisted by staff of the urban administration or designated organ in discharge of his duties; provided, however, that he shall be responsible for the ruling on application for the approval of plans and inspection reports.
5) A Building Officer is empowered to order inspection of exempted building erected before the effective date of this Proclamation and to order the demolition or rectification of such buildings if public safety is at risk.
6) A Building Officer is empower to order rectification work if plans are approved by error; provided, however, that he must have adequate justification for ordering such rectification work.
7) Without prejudice to his criminal liability, the Building Officer shall bear civil liability for any damage he causes to third parties in the course of implementing this Proclamation and the regulation and directives issued there under as a result of his own fault.

www.abyssinialaw.com



8) Ittigaafatamummaan Shuumii Gamoo akkuma eegametti ta'ee, Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni dhimmi ilaallatu balleessaa yookiin dogongoora Shuumiin Gamoo raawwateen qaama sadaffaa irra miidhaa gahuuf beenyaa gahaa ta'ee kafalee qaama balleesse kafalchiisuu ni danda'a.

**13. To'ataa Gamoo**

1) Hojjetaan waraqaa eenyummaa qaama dhimmi ilaallatuun kennameef qabu kamiyyuu gamoo ijaaramaa jiru yookiin ijaaramee xumurame yeroo hojii seenee ilaaluu fi to'achuu angoo ni qaba.
2) To'ataan Gamoo tumaalee Labsii kanaatiifi seerota biroo dabruun ijaarsa gaggeeffamu akka dhaabbatu ajaja kennuu ni danda'a. Ajajni ijaarsi akka dhaabbatu kennamu unkaa to'annoo ijaarsaatiif qophaa'uun ta'a. Haalli raawwii isaa Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

**14. Bakka Bu'iinsa**

1) Shuumiin Gamoo hojii gamaaggama pilaanii waliin walqabate guutumaa guututti yookiin gar-tokkeen raawwachuu kan hin dandeenye yoo ta'e qaama biroof bakka bu'iinsaan kennuu ni danda'a.
2) Shuumiin Gamoo iyyannoo qajeelfameef yaada isaa barreeffamaan Bulchiinsa Magaalaatiif yookiin qaama moggaafameef ni erga; akkasumas, sanadoota waliin qabsiifamanii ergaman irratti ni mallatteessa; chaappaa ni godha.
3) Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni moggaafame sanadoota ragga'an yookiin kufaa ta'an maqaa Shuumii Gamootiin ni kenna.
4) Bakka bu'iinsi gamaaggama pilaaniitiif kennamu hojiiwwan to'annoo dabalachuu ni danda'a.

**15. Ajaja Kabajuu Dhiisuu**

1) Shuumiin Gamoo, gamoo pilaanii hin mirkanoofneen ijaarame Labsii kana yookiin tumaalee seerota biroo kan faallessu yoo ta'e gamichi akka diigamu ni taasisa.
2) Murtii Shuumiin Gamoo, gamichi akka diigamu yookiin akka ka'u kenne abbaan gamoo kan hin raawwanne yoo ta'e, Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni dhimmi ilaalu gamicha diguun yookiin kaasuun baasii gamicha kaasuuf yookiin diiguuf bahe Abbaa Gamoo irraa gaafachuu ni danda'a.
3) Bulchiinsi Magaalaa yookiin qaamni dhimmi ilaalu beeksisni barbaachisaa ta'e osoo hin kennamin hojiin ijaarsaa kan hojjatame yoo ta'e, hojiin hojjatame yookiin kutaan hojichaa murtaa'e akka sakatta'amee ka'u yookiin haala gamoo irratti miidhaa hin geessisneen akka diigamu Shuumiin Gamoo ajajuu ni danda'a.



፰) የሕንጻ ሹሙ ተጠያቂነት እንደተጠበቀ ሆኖ የከተማ አስተዳደሩ ወይም የሚመለከተው አካል የሕንጻው ሹሙ በፈፀመው ጥፋት ወይም ስህተት በሦስተኛ ወገን ላይ ለደረሰው ጉዳት በቂ ካሳ ከፍሎ ጥፋተኛ የሆነውን አካል ማስከፈል ይችላል፡፡

**፲፫. የህንፃ ተቆጣጣሪ**

፩) በሚመለከተው አካል የሚንጠለጠል መታወቂያ የተሰጠው ማንኛውም የህንፃ ተቆጣጣሪ እየተገነባ ያለ ወይም ግንባታው የተጠናቀቀ ህንፃ በስራ ሰዓት ገብቶ የማየትና የመቆጣጣር ስልጣን አለው፡፡
፪) የህንፃ ተቆጣጣሪ የአዋጁን ድንጋጌዎችንና ሌሎች ህጎችን በመተላለፍ የሚካሄድ ግንባታለማስቆም ትዕዛዝ መስጠት ይችላል፡፡ የሚሰጠው የማስቆሚያ ትዕዛዝ በሚዘጋጀው የግንባታ መቆጣጠሪያ ቅፅ ይሆናል፡፡ አፈፃፀሙ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፲፬. ውክልና**

፩) የህንፃ ሹም ከፕላን ግምገማ ስራ ጋር በተያያዘ በሙሉ ወይም በከፊል ተግባሩን ማከናወን ካልቻለ ለሌላ ወገን በውክልና አሳልፎ መስጠት ይችላል፡፡
፪) የህንፃ ሹም የተመራለትን ማመልከቻ በሚመለከት ሀሳቡን በጽሁፍ ለከተማ አስተዳደር ወይም ለተሰየመው አካል ይልካል፤ እንዲሁም በአባሪነት በሚላኩ ሰነዶች ላይ ይፈርማል፣ ማህተም ያደርጋል፡፡
፫) የከተማ አስተዳደር ወይም የተሰየመው አካል የጸደቁ ወይም ውድቅ የተደረጉ ሰነዶችን በሕንፃ ሹም ስም ይሰጣል፡፡
፬) ለፕላን ግምገማ የሚሰጠው ውክልና የቁጥጥር ተግባራትን ሊጨምር ይችላል፡፡

**፲፭. ትዕዛዝ ያለማክበር**

፩) የህንፃ ሹም ባልጸደቀ ፕላን የተገነባውን ህንፃ ከዚህ አዋጅ ወይም ከሌሎች ህጎች ድንጋጌዎች ጋር የሚቃረን ከሆነ ሕንፃው እንዲፈርስ ያደርጋል፡፡
፪) የህንፃ ሹም ሕንጻው እንዲፈርስ ወይም እንዲነሳ ውሳኔ አስተላልፎ ባለንብረቱ ይህንን ካልፈጸመ የከተማው አስተዳደር ወይም ጉዳዩ የሚመለከተው አካል ህንጻውን ለማፍረስ ወይም ለማንሳት የወጣውን ወጪ ከባለንብረቱ መጠየቅ ይችላል፡፡
፫) በከተማው አስተዳደር ወይም ጉዳዩ በሚመለከተው አካል አስፈላጊው ማስታወቂያ ሳይሰጥ የግንባታ ሥራ ተከናውኖ ከሆነ፣ የተሰራው ሥራ ወይም የሥራው የተወሰነ ክፍል ተፈትሾ እንዲነሳ ወይም በህንጻው ላይ ጉዳት በማያደርስ ሁኔታ እንዲፈርስ የህንጻው ሹም ሊያዝ ይችላል፡፡



8) The City Administration or the designated body shall make good damage incurred by third parties where such act of a Building Officer is regarded as professional fault. In such cases the city administration or the designated body shall have the right to reimburse from the Building Officer to the extent it has paid to third parties.

**13. Building Inspector**

1) Any inspector who received special identification badge from the concerned body is empowered to enter and visit any construction activities or any building under construction or finished during working time.
2) Inspectors may issue suspension orders with regards to construction not conforming to this proclamation or other laws, the orders shall be made on inspection report form.The details shall be determined by the Regulation to be issued.

**14. Delegation**

1) In events the Building Officer cannot accomplish all or some of his duties in connection to the plan-review activity, may partly or fully delegate to other bodies.
2) The Building Officer shall forward his written recommendations to the Town Administration or designated representative in relation to the application submitted to him as well as sign/seal any attachments thereto.
3) The competent Town Administration or designated representative shall, on behalf of the Building Officer issue approved or disapproved documentation.
4) Such delegation for the plan-review activity may include supervision activities.

**15. Non-Compliance**

1) The Building Officer shall cause the demolition of buildings, the plans of which have been disapproved, provided that such buildings contradict to this Proclamation or any other relevant laws.
2) If, in response to the decision passed by the Building Officer on the demolition or removal of such buildings, the concerned fails to perform accordingly, the concerned Town Administration or any other concerned body shall be entitled to undertake the demolition and removal of such buildings and subsequently put claims over any pertinent demolition and removal costs.
3) In the event that construction work is conducted without serving due notice, the Building Officer may issue instructions/orders on the partial inspection of the construction work executed as well as on the removal or demolition of such work without affecting the building thereon.

www.abyssinialaw.com



4) Shuumiin Gamoo, gamoo fooyyessuuf yookiin jijjiiruuf pilaaniin mirkanaa'e osoo hin jiraatin hojiin ijaarsaa raawwatame akka sirraa'u abbaa qabiyyee ajajuu fi abbaan qabiyyichaas bu'uura ajaja kennameetiin hanga sirreessutti hojiin ijaarsaa gamicha irratti gaggeeffamu kamiyyuu akka dhaabbatu ajajuu ni danda'a.

**16. Waa'ee Beeksisuu**

1) Gamoo Ramaddii "B" yookiin "C" jalatti argamu ijaaruuf namni pilaanii mirkanaa'e qabu beeksisa yeroo ijaarsi itti gaggeeffamu agarsiisu Shuumii Gamoo dhimmi ilaaluuf dhiyeessuu qaba.

2) Shuumiin Gamoo beeksisa yeroo ijaarsaa akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin dhiyaateef irratti murtii kennuu qaba. Daangaan yeroo Shuumiin Gamoo murtii itti kennuu qabu Dambii bahuun kan murtaa'u ta'a.

3) Shuumiin Gamichaa akaakuufi haala hojii ijaarsaa gamichaatiin beeksisni dabalataa akka dhiyaatu gaafachuu ni danda'a. Beeksisni dabalataa kan dhiyaatu yoo ta'e, yeroon beeksisni itti dhiyaatuufi sadarkaan hojii beeksisni irratti dhiyaatu qaama iyyateef pilaanii mirkanaa'e waliin barreeffamaan kennamuufii qaba.

4) Hojiilee ijaarsaa pilaanii mirkanaa'een ala gaggeeffaman akka sirreessu namni Shuumii Gamoo irraa ajajni isa dhaqqabe hojii sirreessaa akkuma xumureen Shuumii Gamoo beeksisuu qaba.

**17. Meeshaalee Ijaarsaa**

1) Shuumiin Gamoo meeshaaleen ijaarsaaf akka tajaajilan iddoo ijaarsaa jiran yookiin hojii ijaarsaa irra oolan hanqina qabaachuu isaanii yoo mirkaneeffate akka maqfaman ajaja kennuu ni danda'a.

2) Meeshalee ijaarsaa qulqullina hin qabnetti fayyadamuun yookiin qulqullina hojii ijaarsaa sadarkaa gadi-aanaa ta'een hojii ijaarsaa raawwachuun hojiin ijaarsichaa fudhatama akka hin arganne sababa qubsaa ta'uu ni danda'a.

3) Shuumiin Gamoo meeshaalee ijaarsaa hojiirra oole yookiin ooluuf karoorfame ilaalchisee waraqaan ragaa sadarkaa qulqullina meeshaalee ijaarsichaa agarsiisu akka dhiyaatu gaafachuu in danda'a.

**18. Hayyama Itti fayyadama Gamoo**

1) Gamoon Ramaddii "C" fi haaraa ijaarame bu'uura Labsii kanaatiin ulaagaa kan guute ta'uun isaa sakatta'amee kan hin mirkanoofneefi hayyamni itti fayyadamaa kan hin kennamneef yoo ta'e, tajaajila kennuun dhorkaadha.



፬) የህንፃ ሹም ሕንፃውን ለማሻሻል ወይም ለመለወጥ የጸደቀ ፕላን ሳይኖር የተፈጸመ የግንባታ ስራ እንዲስተካከል ባለንብረቱን ለማዘዝና ባለንብረቱም በትዕዛዙ መሠረት እስኪያስተካክል ድረስ በሕንጻው ላይ የሚካሄድ ማንኛውም አይነት የግንባታ ስራ እንዲቆም ማድረግ ይችላል::

**፲፮. ስለ ማስታወቂያ**

፩) በምድብ "ለ" ወይም "ሐ" ስር የሚገኝ ሕንጻ ለመገንባት የጸደቀ ፕላን ያለው ሰው ግንባታው የሚካሄድበትን ጊዜ የሚያመለክት ማስታወቂያ ጉዳዩ ለሚመለከተው የህንጻ ሹም ማቅረብ አለበት::

፪) የህንጻው ሹም በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ ፩ መሰረት በቀረበለት የግንባታ ጊዜ ማስታወቂያ ላይ ውሳኔ መስጠት አለበት:: የሚሰጠው የጊዜ ገደብ ውሳኔ በሚወጣው ደንብ የሚወሰን ይሆናል::

፫) የህንፃው ሹም በህንፃው ግንባታ ሥራ ዓይነትና ሁኔታ ተጨማሪ ማስታወቂያ እንዲቀርብ መጠየቅ ይችላል::ተጨማሪ ማስታወቂያ የሚቀርብ ከሆነ የሚቀርብበት ጊዜና ማስታወቂያው የወጣበት የስራ ደረጃ ከጸደቀ ፕላን ጋር ላመለከተው አካል በጽሑፍ መስጠት አለበት::

፬) ከጸደቀው ፕላን ውጪ የሚካሄዱ የግንባታ ስራዎች እንዲያስተካክል ከህንጻ ሹም ትዕዛዝ የደረሰው ሰው የማስተካከል ስራውን እንዳጠናቀቀ ለህንጻ ሹም ማሳወቅ አለበት::

**፲፯. የግንባታ መሳሪያዎች**

፩) የሕንጻ ሹም ለግንባታ አገልግሎት እንዲውሉ በግንባታ ቦታ የሚገኙ ወይም በግንባታ ስራ ላይ ያሉ መሳሪያዎች ጉድለት እንዳለባቸው ሲያረጋግጥ እንዲወገዱ ትዕዛዝ መስጠት ይችላል::

፪) ጥራት በሌላቸው የግንባታ መሳሪያዎች መጠቀም ወይም ዝቅተኛ የጥራት ደረጃ ባላቸው መሳሪያዎች የግንባታ ስራን ማከናወን ለግንባታ ስራው ተቀባይነት ያለማግኘት አጥጋቢ ምክንያት ሊሆን ይችላል::

፫) የሕንጻ ሹም በስራ ላይ የዋሉ ወይም ለማዋል የታቀዱ የግንባታ መሳሪያዎችን በሚመለከት የጥራት ደረጃቸውን የሚያመለክት የምስክር ወረቀት እንዲቀርብ መጠየቅ ይችላል::

**፲፰. የሕንፃ መጠቀሚያ ፈቃድ**

፩) ምድብ "ሐ" እና አዲስ የተገነባ ህንፃ በዚህ አዋጅ መሰረት መስፈርቱን ማሟላቱ ተፈትሾ ያልተረጋገጠና መጠቀሚያ ፍቃድ ካልተሰጠው አገልግሎት እንዲሰጥ ማድረግ የተከለከለ ነው::



